

Dhugaa isaa jaalalaan haa dubbannu

Gaafilee Lubbuu koo

Hiraa waashaa

Barreessaan:
Nitsuu Amaan

Kan hin gurgurmne, tola kan raabsamu

Dhugaa isaa jaalalaan haa dubbannu

Gaafilee Lubbuu koo

Hiraa waashaa



Barreessaan:
Nitsuu Amaan

Kan hin gurgurmne, tola kan raabsamu

Seensa

Sababa ta'e tokkon lubbuu keessan gaaffiidhaan mudditanii beektu? Anan garuu yeroo baay'ee na mudateera. Barsiisota Musliimaa waa'ee Musliimaa fi waa'ee Kristaanaa, yommuu waa'ee Jannataa fi ibida Gahanabaa odeesson guyyaan itti dhaga'e sana tasa hin irraanfadhu. Mudaanno kana yoon qoradhe malee gaarii hin ta'u, jedhen akkan yaadu waan na godheef Quraana, Hadisa raajicha Mahaammad akkasumas macaafota Siiraa gagalagalchuutin ka'e. Macaafota kana yommuun dubbiisuu jalqabeetti garuu ergama Alahaa raajichaa Mahaammadii fi Quraana irratti gaaffilee baay'eef lubbuun koo deebii barbaachaa na mudda turte. Waaqaaf galanii haa ga'uutie anis osoo baay'ee hin turin gaafilee kanaaf deebii kanan argadhe yoo ta'e iyyuu jalqaba irraatti akkuma na mudate isiniinis akkuma koo isin mudatera ta'a. Yookiin gara fuula duraatti isin mudachuu waan danda'uuf, Muslima yoo taatan immoo karaa bara baraa irra deemaa jirtan irraatti sirriitti ilaaluu fi madaaluu akka isin dandeessisuuf yaaduun ofii koo lubbuu koo gaaffiin gaafadhee isiniinis gaafachuu barbaadeera. Gaaffilee koo dhiyeessuun dura galumsa gaafilee koof yookiin ka'umsa kan ta'u isininiis gara murtoo isaa dhuma akka geessaniif kan isin dandeessisu, yaadolee tokko tokko macaafota Quraanaa fi Hadisa irraa kan fudhadhe isin dubbiisisuun barbaada.

Gaaffilee Lubbuu koo!

Du'a booda jireenyi jiraachuu isaa fi namoonni karaa Alahaa duukaa bu'uun gammachuu bara baraa yookiin duukaa bu'uu dhiisuun rakkiinni baay'ee, bara baraan keessa kan jiraatan Gannataa fi Gahaanaba ibidaa bakki jedhamu akka jiru amantiin amanu waa'ee isaanii yommuu odeessuu waa'ee Alahaa, diina nama hundumaa kan ta'e waa'ee Seexanaa, raajota namaa fi Alahaa gidduu jiran odeessuun isaa kan hin oolleedha. Nama tokkoof Gannata ykn Gahaanaba galuun Alahaa, Seexana, raajotaa fi dubbiin Alahaa gatiin isaanii guddadha. Armaan olitti Daa'ooliin caqase yeroo sanatti yommu dubbatan kanan dhaga'e fi anis yaada isaanii hirmaadhe Gannatatti galuuf, Alahaa fi raajota isaatti amanuun dubbii isaaf bitamuu yommuu barbaadu, Gahaanabnii immoo Alahaa fi sagalee isaa gara bukketti dhiisuun Seexana fi raajota sobduu duukaa bu'uun kan itti galan ibida bara baraattii kan isaan jedhaniidha. Alahaan namoonnii bara baraan Seexanaa wajjin ibida Gahaanabaan akka hin gubanneef dubbii ittiin gaggeefaman raajolii dhugaa yommuu ergu, Seexannis immoo isaan waliin bara baraan ibida Gahaanabatti akka gubaatan raajota dhugaa fakkeessuun raajota sobaa ergeera. Macaafni Qulqulluun yommuu dubbatuu:-

2Qor 11: 14–15

Seexannii iyuu ergamoota ifaa fakkaachuudhaaf waan wallaalchifatuuf, kun waan dingisiisu miti. Kanaaf hojjetoonni isaas hojjetoota qajeelinaa fakkaachuudhaaf yoo wallaalchifatan, kun waan guddaa miti; gara dhumaattis waan hojji isaaniitiif ta'u argachuuf jiru.

Kanaaf Waaqa isaanii kan jaalatanii fi gammachuu jirenya bara baraa kan hawwan hundinuu, Seexanaa fi karaa sobdootaan akka hin gowwomfamneef, raajiin dhugaan inni sirrii fi jechii Alahaa inni sirriin isa kami? Gara

Muslimootaa yommuu dhufnu immoo lwin Daa'iwoonni akka jedhaniitti Quraannii fi raajichi Mahaammad ergaa Alahaa fi ergamaadha? Gaaffii jedhu kaasuu fi deebii isa sirrii argachuun isin irra jira. Diina ilma namaa isa ta'e Seexanni iddoor jirutti sobni waan jiruuf, isaa fi duuka buutotaa isaa Gahaanabaa fi rakkina bara baraa Alahaa biraa qophaa'era. Kanaaf namni hundinuu diina isaa isa ta'e waliin bara baraan Gahaanaba keessa jiraachuu waan hin barbaadneef namni amaneera jedhe amantiin inni duukaa bu'u karaa Alahaa isa sirri ta'u isaa siritti ilaalu fi madaalu qaba nan jedha. Raajiin tokko raajii dhugaa ta'u isaa karaa madaalamu keessaa, waa'ee Alahaa fi waa'ee Seexanaa akkasumas jirenya raajichaa fi tajaajila isa raajonnii dhugaa durii jirenyaa fi tajaajila isaanii waliin yommuu wal bira qabamu walfakkaattin argamu tokko ta'u isaati. Kanaafidha raajichi Mahaammadii fi Quraanni madaallii kana darbuu danda'u? Kan jedhu gaaffilee lubbuu koo isa jalqabaa qabadhee gara macaafatti kanan deeme hundumtu achi irratti argama.

Raajichi Mahaammad raajii dhugaa ta'u isaanii mirkaneeffachuuuf qoran noo koo kanan jalqabee Quraannii fi Hadisni raajicha Mahaammad waa'ee Seexanaa kan gabaasaniin ture. Kitaaba kunneen namoonni Gannata galuun gammachuudhaan bara baraan akka hin jiraannef karaa gara garaan isa lolu maalummaa Seexanaa, ilma nama fi Alaha wajin walitti dhufeenyaa inni qabu, kaayyoo umamuu isaa fi hojii isaa, ilmaan namoota dhuma irratti gara Gannataa fi gara ibidaa Gahaanabatti galuu isaanii qooda inni qabuu, akkasumas raajicha fi Muslima maraa waliin tokkummaa isaan qaban wantoota gara garaa gabaasanii argina, isaan kessaa muraasni isaa akka armaan gadtidha:-

Seexannii Enyuudha?

Quraannii fi Hadisni raajicha Mahaammad Seexanni eenyudha? Gaaffii jedhuuf deebii isaanii akka kanaatti ka'aniiru:-

1. Adam uumamuu isaa dura, innii fi sanyiin isaa Gannata keessa ergamoota waliin utuu jiraatanii, achumaan bifni isaa akka ergamaa in fakkaata ture. Alahaan Adamin erga uume boode ergamootaa wajjiin Adamiif akka sagaduu yommuu ajajameetti , waan abboomamuu dideef Alahaan abaarsa araara hin qabneen bara baraan abaareera. Abaarsichi Seexanaa fi sanyii isaa irratti yommuu darbetti battalatti ergamichi fi sagaleen isaa gara sagalee adda biraatti akka geedarame Hadisni raajichaa gabaasaniiru.Mufesiroonis yaaduma kana Quraana keessati gabaasaniiru.

Suratul al-hijer 15:26-34;

Namas, Adami dhuguman uumee jira biyye gal'ii taatee hogga dhawan qilchiturraa, Bordoda gurracharra. Borboda bukaaye jijjiramerra,namicha san uumne inni aadaamii,abbaa namaa.Abban jinni,inni ilbiisi odoood adam hin uumiin dura isaa uumne jirra. Ibidda barbada,aara hin qabnerra umne jirra. Waan Rabbiin malaayka'aan je'e dubbadhu, wannin inni je'een,An naman, borboda goggogee, tortoree jijjiramee,gurraacho- merra tolfamen uumaa.Gaafan uumaa isaa guutee,Ruuhgii itti afuufee jiraate, Isaaf gad je'aa,isaaf sujuudaa.Duuba malaaykan hundi, aadaamiif sujuudde Ibliis abbaa jinni'ii malee,kan maalaykaa keessa taa'ee, Rabbi ibaaduu ibaaduu ture,Inni ni dide Warra aadamii sujuuden wajji tayuu dide. Duuba rabbii akkii je'een;Ibliis maal argatte, kaan warra aadamiif sujuuden wajji tayuu diddef, Jennaanin ibliin akki je'en; an kan sujuudu,takkaa gad je'u hin taane,Nama borboda gurraacha jijiirama'arraa uumteef kan anamoo ibiddarrraa uumte,jennaanin rabbiin akki je'een jannaatarra baye;yookaa samii keessa baye eega dubbii tiyya

dhagaayuu didde,jennanni warra dubbii tiyya dhagayuuf
uumamee,samiin bakka ibaada'aatii,Ati rahgmata kiyyarraa
darbama'aa.

وَقَدْ حَفِنَا الْإِنْسَانَ مِنْ صَلَصَالٍ مِّنْ حَمَاءٍ مُّسْتُوِنَوَالْجَانَ حَفِنَاهُ مِنْ قَبْلٍ مِّنْ نَارِ السَّمُومِ وَإِذْ قَالَ رَبُّكَ لِلْمَلَائِكَةِ إِنِّي خَالِقٌ بَشَرًا مِّنْ صَلَصَالٍ مِّنْ حَمَاءٍ مُّسْتُوِنَفِإِذَا سَوَّيْتَهُ وَنَفَخْتُ فِيهِ مِنْ رُوحِي فَقَعُوا لَهُ سَاجِدِينَ فَسَجَدَ الْمَلَائِكَةُ كُلُّهُمْ أَجْمَعُونَ إِلَّا إِبْلِيسَ أَبَى أَنْ يَكُونَ مَعَ السَّاجِدِينَ قَالَ يَا إِبْلِيسُ مَا لَكَ أَلَا تَكُونُ مَعَ السَّاجِدِينَ قَالَ لَمْ أَكُنْ لَّا سُجْدًا لِبَشَرٍ حَفِنَهُ مِنْ صَلَصَالٍ مِّنْ حَمَاءٍ مُّسْتُوِنٍ قَالَ فَأَخْرُجْ مِنْهَا فَإِنَّكَ رَجِيمٌ

Mufesir Ibun katir lakkofsa Quraana kanaaf ibsa /Tafaasir/ yommuu qopheessan, yaada kennaniif kan jabeessu Hadiisa kanatti aanee jiru wajii walitti qabaniy yommu qopheessan in argina:-

Tafaasir Ibun Katir Suratul al-hijer 15:34-37

Saa'id Bin Jibeyer yommu dubbatu, Alahaan Iibiliisin (Seexanan) yommu abaaretti bifni isaa ergamoota irra gara ergama bifa kan biraatti geedarama, sagaleen isaas akka sagalee bilbilaa in ta'e. kana irratti lafa irratti hamma guyaa du'a ka'utti sagaleen akka bilbila dhaga'amuu qaama bifa Seexana dha.

Ibun Abi Hatim Hadisa dubbaataniidha.

Kana irra ka'uun Hadisoota yommuu qorannuu sagaleen akka bilbilaa fi Seexanni walitti dhufeenyi isaanii maal akka fakkaatuu raajichi Mahaammad kan dubbatan dhaga'anii Suubaa'oонни irra deebi'anii yommuu gabaasan in argina. Mee isinin dubbisia:-

Sahii Muslim 24:5279

Ergaman Alahaa yommuu dubbatan akkas jedhan:-Bilbillii meesha Muuziqaa kan Seexanaati. Abu Hureyiraa Hadisa isaan gabaasaniidha.

Sahii Muslim 24:5277

Ergaman Alahaa yommuu dubbatan:- ergaman Bilbilla fi Saree qabatanii warra deeman wajin hin deemu. Abu Hureyiraa Hadisa isaan gabaasaniidha.

Suunaa Abu Daawudi 34:4218

Ibun Az-Jubeyir tajaajiltuu isaa ishee durbaa, mucaa isaa ishee durbaa qabaattee gara Umar akka deemtuu itti hime. Mucaa ishee durbaa miilla ishee irratti Alboomillaa bilbila qabu akka godhattetti fudhatte deemte. Umaris ergaman Alahaa,tokkoon tokkoon bilbilaa wajin Seexanni jira yommu jedhan dhaga'eera jedhe Albichi kukutee in gate. Umar Ibin Hatab Hadisa dubbataniidha.

2. Alahaan Seexanan Adamiif sagadii yommuu jedhetti abboomamuu diduu isaa irraan kan ka'e Gannataa yommuu ari'ametti namoota hundumaa irratti jibbaan guutamee yeroo jalqabaaf isaan irratti dinnummaadhaan kan ka'e akka ta'e Quraanni fi Hadisni raajichaa ni ibsu. Alahaan Quraana keessatti akkas jechuun ilman nama akeekachiisera:-

Suratul al-isiiraa'I 17:62

Nattii himi inni kun ana irratti isa caalchiseettidha? hamma guyya du'a ka'utti osoo na tursite sanyiin isaa muraasni yommu hafan gara dogogoraatti isaan nan galcha.

قَالَ أَرَأَيْكُمْ هَذَا الَّذِي كَرَمْتُ عَلَيْهِ لِئَنْ أَخْرَنْتُ إِلَيْهِ يَوْمَ الْقِيَامَةِ لَا حَتَّىٰ كَنْ ذُرْيَتْ إِلَّا قَلِيلًا

Suratul al-aniam 6:142

Beeyladoota mana keessa kan itti fee'amu fi kan itti hin fee'amne (in uume) Alahaan kenna isiniif kenne nyaadha. Tarkaanfii Seexana duukaa hin bu'iina inni isiniif ifatti diinadha.

وَمِنَ الْأَنْعَامِ حَمُولَةً وَفَرِشَّاً كُلُّوا مِمَّا رَزَقَكُمُ اللَّهُ وَلَا تَتَبَعُوا حُطُوطَ الشَّيْطَانِ إِنَّهُ لَكُمْ عَدُوٌّ مُّبِينٌ

Suratul al-baqira 2:168

Yaa namoota! Wanta lafa irraa jiruu keessa wanta mi'a eyyamamee yoo ta'e nyaadha, tarkaanfii Seexanaa duukaa hin bu'iina inni isiniif ifatti diinadha.

يَا أَيُّهَا النَّاسُ كُلُّوا مِمَّا فِي الْأَرْضِ حَلَالًا طَيِّبًا وَلَا تَتَبَعُوا حُطُوطَ الشَّيْطَانِ إِنَّهُ لَكُمْ عَدُوٌّ مُّبِينٌ

Suratul al-baqira 2:208

Isin warri amantan! Hundumtu ajajamuu kessa of galcha, tarkaanfii Seexanaa duukaa hin bu'iina inni isiniif ifatti diinadha.

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا ادْخُلُوا فِي السَّلَمِ كَافَّةً وَلَا تَتَبَعُوا حُطُوطَ الشَّيْطَانِ إِنَّهُ لَكُمْ عَدُوٌّ مُّبِينٌ

Seexanaa fi kaayyoo isaa isa duraa

Kanan dura akka dubbisaa turtanitti Alahaan Seexanaan Adaamiif sagadi yommuu jedhetti hin barbaaduu jechuu isaattin /abboomin kun abboomii sirri ta'edha moo sirri miti, abboommiin akkasii kun Alahaan hin ajaja yookiin hin ajajuu isa jedhuu kasuuf miti /, abaarsa araara hin qabne bara baraa abaaramee Gannata keessaa ari'ameera. Seexanni firdiin kana fakkaatu yommuu itti faradamee, Alahaan kan kadhatee ilman namoota Alahaan duukaa bu'u irraa gara boodetti deebisuun gara ibidaa Gahaanabatti deebisuu waan

barbaaduuf yeroon akka kennamuuf qofadha malee balleessa isaa amanee isaa fi sanyii isaa ibida Gahaanaba irraa karaa isaan itti oolan akka isaan gaggeessuuf hin turre. Haa ta'u malee waan tokko qofa siin kadhada jedhen:- "Gahaanaba ilman namootatin hangan guututti yeroo anaaf kenni." Seexanni kadhata Alahaa duratti dhi'eefateef mee Quraana keessaa haa ilaalluu:-

Suratul al-Hijr 15:35-39

Abaarsi kiyya srratti jiraa, hanga guyyaa qiyaama'atti. Jennaan ibliis akki je'e; yaa Rabbii nan ajeessinii, hanga namni qabri'ii kaafamutti umrii na dheeressi.Jennan Rabbii qaaxaroo inni barbaadee miti, qaaxaroo biraa qabeefii, akki je'en, hanga waytii beekkamtu'utti. Ibliis qaaxaroo argannaan wanni je'e; yaa Rabbi, waan ati karaa qajeela'arraa na jallefteef, Addunyaa tanarratti ilmaan aadamii waan ati hin feenen, bareechaa, akkan abbaa isaaniitiif, jannata keessatti, muka ati irraa dhoowwite, nyaatuu bareechetti, inumaa lafarratti ilmaan isaatif waan ati irraa dhoowwite bareechu'uutti,akkaan naa laafaa, Ilmaan aadam hunda, karaa keetirraan jallisa.

وَإِنَّ عَلَيْكُ اللَّعْنَةَ إِلَى يَوْمِ الدِّيْقَالِ رَبُّ فَانْظَرْنِي إِلَى يَوْمٍ يُبَعْثُونَقَالَ فَإِنَّكَ مِنَ الْمُنْظَرِينَ إِلَى يَوْمِ الْوَقْتِ
الْمَعْلُومُقَالَ رَبِّ بِمَا أَغْوَيْتَنِي لَأَزْيَّنَ لَهُمْ فِي الْأَرْضِ وَلَأَغْوِنَهُمْ أَجْمَعِينَ

suratul al A'raaf 7:14-17

Jennaan ibliis wanni je'ee Rabbi khadhate; yaa Rabbi hanga guyyaa kaafamanitti na dhiisi; booda na aansi nan ajeesinii.Jennaan ati warra hanga guyyaa qiyaama'atti du'arra maaramee deemi, je'en. Jennaan ibliis wanni je'e; yaa Rabbi waan ati na jallifteef, Ilmaan aadamiif karaa kee qajeela'arraa taa'etaan irraa isaan jallisa. Eegasii gama fuula isaanittinan itti dhufa, Gama boodatiinis ittin dhufa,

Gama mirgaa bitaa isaanitiiinis ittin dhufa, Duuba irra hedduu ilmaan aadam kan sitti amanu hin agartu yaa Rabbi je'een.

قَالَ أَنْظَرْنِي إِلَى يَوْمٍ يُبَعْثُرُنَّا إِنَّكَ مِنَ الْمُنْظَرِينَ قَالَ فِيمَا أَغْوَيْتِنِي لَأَفْعَدَنَّ لَهُمْ صِرَاطَكَ الْمُسْتَقِيمَ لَأَتَيْنَاهُمْ مِّنْ بَيْنِ أَيْدِيهِمْ وَمِنْ خَلْفِهِمْ وَعَنْ شَمَائِلِهِمْ وَلَا تَجِدُ أَكْثَرَهُمْ شَاكِرِينَ

Suratul Sgaad 38:79-82

Jennaanin, ibliis aki je'ee, rabbi kadhate: Yaa rabbi kiyya hanga guyyaa namni qabri'i kaafamutti nan ajjeesinii, na dhiisi. Jennanin, qaba sii qabee, beena. Hanga guyyaa Yaroo beekkamtu'utti sun hanga guyyaa garriin duraa afufamtattii. Duuba ibliis qaaxaroo rabbirraa argamnaan, akki je'e: Yaa rabbi, guddin keetin khakhadhee, Ilmaan aadam, kanan sababaa isaanitiin, rahgmata keetirraa darbame, hunda isaanii karaa keetirraa jallisa.

قَالَ رَبِّ فَأَنْظِرْنِي إِلَى يَوْمٍ يُبَعْثُرُنَّا فَإِنَّكَ مِنَ الْمُنْظَرِينَ إِلَى يَوْمِ الْوَقْتِ الْمُلْعُومِ قَالَ فَبِعِزْنِكَ لَا غَيْرَنَّهُمْ أَجْعَنِينَ

Suratul al-israa'aa 17:62

Ibliis wanni je'e: mee naa himi, Namicha isaa sujuudi jettee narra caalchifte kana, kan an isarra caalu kan ibiddarra na uumte, Yaa Rabbi yoo na ajjeessuu baattee, hanga guyyaa qiyaama'atti na dhiifte takkaa booda na aansite Ilmaan isaa lafarraan fixa, jallisuu'un, Nama hanga xiqqaa malee, sun jara ati isaan tiysitee,

قَالَ أَرَأَيْتَكَ هَذَا الَّذِي كَرَمْتَ عَلَيَّ لَئِنْ أَخْرُونِ إِلَى يَوْمِ الْقِيَامَةِ لَا حَتَّنَكَ ذُرْرَيْتَهُ إِلَّا قَلِيلًا

Alahaan kadhanna Seexanni dhiyeesse fudhatee yeroo deebii kennameef, Seexanaa fi ilmaan namootaa dabalatee kan dubbatee Quraana keessatti haa ilaallu:-

Suratul Faaxir 35:6

Sheyxannii diina keessanii, waan sababaa keessaniin rahgmata Rabbirraa darbamee jannata dhabeef jechaa, xilaala keessan tayuu beekha'aa, Isinis xilaatummaa'aaf isa qabadhaa, waan inni je'u hin dhagayinaa, haala tokkottilleeisa hin amaninaa, Inni nama isa jala deeme, kan dubbii isa dhagaye kufri'itti yaamaa, Akka warra akka isatti ibidda jabaa seenu tayaniif

إِنَّ الشَّيْطَانَ لَكُمْ عَدُوٌ فَاتَّخُذُوهُ عَدُوًّا إِنَّمَا يَدْعُو حِزْبَهِ لِيُكُونُوا مِنْ أَصْحَابِ السَّعِيرِ

Suratul al-A'raaf 7:18

Rahgamatarra fageeffama'aa jannatarraaa bayi je'een, Nama ilmaan aadamirraa dubbii tee dhagayee karaa kiyyarrraa maqee si jala deeme, Isaanifii isin hundaanan mana azabaa guutaa deemi je'een.

قَالَ اخْرُجْ مِنْهَا مَذُومًا مَذْهُورًا لَمَنْ تَبَعَكَ مِنْهُمْ لَأَمَّا لَمْ يَتَّبَعْكُمْ فَهُمْ مِنْكُمْ جَمِيعُهُمْ

Suratul al-Hijirah 15:43

Sifii warra si jala deeme hundaaf ibidda azaabatu jira, yookaa eeggatu.

وَإِنَّ جَهَنَّمَ لَمَوْعِدُهُمْ أَجْمَعِينَ

Suratul al-Israa'aa 17:63-64

Jennaan, Rabbiin akki je'een, deemi dalagadhu, hanga guyyaa qiyaama'atti sin ajjeessuu, Namni ilmaan aadamirra jallatee jallina kee jala deeme, Ibiddi jahannam, jazaa keetifii, kan isaanille'ee, Jazaa guutuu qixaaxa isinirraa, ammallee isaanirraa hin ir'anne. Ilmaan aadamirraa, nama dandeesse, guyfadhuu kaafadhu, Qooqa keetin, masiinqoo dhayiifii, wal-lisiifii, takkaa waan dilii tayetii yaami, namni waan hamtu'utti nama yaamu hundi wakiila ibliisati, qooyxi isaa qooqa ibliisati, Ammallee ilmaan aadamitti iyyi, waan hamtu'utti khaafadhuu, fardaan itti gulufuu, keessa olii gad ceyii, Ammallee miilan itti ceyii, if jala kaafadhuu, waan dili'itti geessi, Horii isaanii isaan wajii nyaadhu, horii karaa sharii'adhaa malee argatan, kan akka riba'aa yookaa dhalaa Ammallee ilmaan isaanitti wajii sharraiki, Sheyxanni waan isaan gowwoomsuu malee waan dhuga'aatiin baallama isaanii hin seenu,

قَالَ أَذْهَبْ فَمَنْ تَبِعَكُ مِنْهُمْ قَلِّنَ جَهَنَّمَ جَرَأَكُمْ جَرَاءً مَوْفُورًا سُتَّرْ مَنْ اسْتَطَعْتَ مِنْهُمْ بِصَوْتِكَ وَجَلَّ
عَلَيْهِمْ بِخَيْلَكَ وَرَجْلَكَ وَشَارِكُهُمْ فِي الْأَمْوَالِ وَالْأُلُودِ وَعِدْهُمْ وَمَا يَعِدُهُمُ الشَّيْطَانُ إِلَّا غُرُورًا

Guyyaa du'a ka'uu irraatti Alahaan Seexanaa fi sanyiin isaa ilman namoota irraatti labsii diinummaa isaan labsan akka karoorsaanitti rawwaachuu isaanii ilaalchisee maal akka isaan jedhu yommuu ibsan.

Suratul al- An'aam 6:128

Guyyaa Rabbiin waan uume hunda walitti qabu dubbadhu. Kan orma shexyaana kan nama jallisun, yaa sheyxanota nama jalliftanii heddommeeffattan je'amu, kan warri sheyxanaa dhagayee jallatee je'u, Yaa Rabbii keeya gariin keenya (nuti ilmaan aadam) garii keenyatti fayyadameeti waan inni je'u dhagayee jallate, Akkanatti yaa Rabbi keenya wayitii ati nuu qabdee geenye (sun guyyaa qabri'i)

ka'iinsatii) akkana je'aniiti, badii isaanii arganii odeessanii sheenayan, Duuba Rabbiin warra sheyxaana dhagayee kafaree, saniin akka je'e; ar'a manni keessan ibidda keessa qubatu; isaan gubatu; kan zalaalamii mana ibiddaa san keessa taa'an kan irraan baane, kan hin duune. Nama Rabbiin fedhe malee namni kafaree sababaa saniin azaaba seene irraa hin bayu,

وَيَوْمَ يَحْشُرُهُمْ جَمِيعًا يَا مَعْشَرَ الْجِنِّ فَإِسْكُنُوهُمْ مِّنَ الْإِنْسِ وَقَالَ أَوْلِيَاءُهُمْ مِّنَ الْإِنْسِ رَبُّنَا اسْتَمْئِنْ
بَعْضُنَا بِعَصْنِ وَبَاعْنَا أَجَلُنَا الَّذِي أَجْلَتْ لَنَا فَأَلَّا النَّارُ مَتَوَكِّلٌ حَالَدِينَ فِيهَا إِلَّا مَا شَاءَ اللَّهُ إِنَّ رَبَّكَ
حَكِيمٌ عَلَيْمٌ

Alahaan kadhanna Seexanaaf deebii kana fakkaatuu deebisuun isaa kan nama ajaa'ibuu yoo ta'eyyuu kana waliin wal qabsiisuun lakkofsa kan biroo irraatti akekachiisa irra hin darbamnee akka kenref, Seexannis akekachiisa isaaaf kennamee akka irra hin darbinee walii galuun deebii isaa yommuu kennuu in ilaalla. Seexanni akka irra hin darbine ameen jedhe isa fudhate dubbii akekachiisa lakkofsaQuraana armaan gadii irratti ifatti taa'eera:-

Suratul al-israa'aa 17:65

Gabroota kiyya warra dhuga'aan nattii amanee irree, yookaa humna isaanin miitu hin qabdu, anaati isaan tiysaa, Balaa teetirraa isaan eegu'uuf Rabbii tokkichaatu gayaa.

إِنَّ عِبَادِي لَيْسَ لَكَ عَلَيْهِمْ سُلْطَانٌ وَكَفَى بِرَبِّكَ وَكِيلًا

Suratul al Hqijrii 15:42

Yaa ibliis garboottan kiyya kanneen natti amanan, Irree isaanin jalliftu, isaanirratti hin qabdu,

إِنَّ عِبَادِي لَيْسَ لَكَ عَلَيْهِمْ سُلْطَانٌ إِلَّا مَنِ اتَّبَعَكَ مِنَ الْفَارِقِينَ

Suratul su'adi 38:83

Garboottan keetirraa nama sitti amanee ati tiysitee malee.

إِلَّا عِبَادَكَ مِنْهُمْ الْخَاصِينَ

Suratul al- Nahglii 16:98-100

Hoggaa qur'aana qara'uu feete, Sheyxaana fufamaa'arraa, Rabbitti maganfadhu, Sheyxaanni, irree warra Rabbitti dhuga'aan amaneen injifatu, hin qabu, Warra Rabbitti irkatu kan sheyxanafii, waan hamtuu hundarrraa, Rabbitti maganfatuu, kanneen gara Rabbii dheysan Sheyxaanni, warruma isa dhagayee, waan inni ja'u dalagurraatti, humna qaba, Warra sheyxaana Rabbitti qixxeessuu, isaanuma jallisee, karaa Rabbirraa baasa malee, warra Rabbi dhugo'oomsee, isatti irkatu, waa takka miidhuu, yookaa jallisuu, hin dandayu.

فَإِذَا قَرَأْتَ الْقُرْآنَ فَاسْتَعِدْ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ إِنَّمَا سُلْطَانُهُ عَلَى الَّذِينَ آمَنُوا وَعَلَى رَبِّهِمْ يَئُوكُلُونَ إِنَّمَا سُلْطَانُهُ عَلَى الَّذِينَ يَتَوَلَُّونَ وَالَّذِينَ هُمْ بِهِ مُشْرِكُونَ

Doktar Sahiid Isimaa'eel kan jedhaman beekaan Musliimaa kitaaba isaanii Fat Al-Qadiwaa Waa'al-Qadiir jedhamu irratti, Alahaan ilmaan namootan akkasumas Seexanaa fi sanyii isaa maaliif akka uumee fi lafa irratti itti gaaftamummaa isaan qaban yommuu ibsan akkas jedhan:-

Adam fi sanyii isaa jalqaba irratti itti gaaftamummaa isaanii lafa irratti wanta gaarii ta'e akka babaldhisuu yoo ta'u, Seexannii fi sanyiin isaa Jinnoonnis immoo wanta hamaa ta'e akka babaldhisaniidha. Haa ta'u malee murtoon Alahaa lamaan isaaniiif

carraa walqixa ta'e akka filataniif kenneraaf. Ilmi nama kaayyoo umameef irraa deebi'ee jaldhinan deemuu filachuu in danda'a. Seexannii fi sanyiin isaas akkasuma deebi'anii Alahaattin gaggeefamuu filachuu in danda'u.

FAT, AL QADA WAL QADAR, BY DR. SAEED ISMAEEL

Yaadni Doktarichaa Quraana waliin waldha'a akkasum- aas Quraanni walii walii isaa akka inni waldha'u yoo keessatti mul'atee iyuu ammaaf yeroof tursine, itti gaafatamummaa Alahaan jarren kana lamaniif kenne haa ilaalluu. Alahaan jaarreen kana yommuu uumetti itti gaafatamumman shexanaa hojii hamenyaaf jallinaa yommu ta'u Namoonni immoo waan gaarii akka hojjetaniif, yaada kana Doktaricha qofa irraa utuu hin ta'in abbootii Quraanaa irraa arguu dandeenyerra. Umaamoonni kun uumaa isaaniif, Alahaaf bitaamuu isaanii kan mirkaneesson kan isaan irraa eegamuu raawwatanii yoo argaman qofadha. Seexannii waan hamaa ta'e gochuudhaan yommuu agarsiisu, ilmi namaa immoo waan gaarii ta'e qofa raawwachuun bitamuu isaa agarsiisa jechuudha. Jarreen kun lamaan kan isaan irratti murtaa'ee kana raawwachuudhaaf yommuu socho'an, keessumaa Seexanni ilma namaa akka gara Gahanabaatti hin geesineef Alahaan yeroo gara garaa keessatti karaa isaa akka eeganiif kan gorsaniif kan akeekachiisan baroota keessatti raajota ergaa ture.Dhuma irrattis raajichi Mahaamed karaa Alahaatiin raajummaadhaan Quraanaa isaanii kennaameef akka duukaa bu'an saba bara sana turaanitti himani. Har'aas ergaan isaanii saba gara garaan himamaa jira. Haa ta'u malee raajiin kamiyyuu raajii ta'uu isaa ragaa akkuma dhi'eessuu hundaa, raajummaa isaanii mirkaneessuuf ragaa isaan dhi'eessan garuu ergamnii raajummaa isaanii Alahaa biradha jedhame amananii fudhachuuf baay'ee rakkisa akka ta'e ni mul'isa.

Egaa Gannatatti galuu waan barbaaduuf ragaa raajummaa isaanii irraan kan ka'e ergama isaanii kan ilaallate gaaffii ka'u deebisuuf Quraana fi Hadisaa akkasumaas kitaaba seenaa jireenyaa isaanii irraatti kan barreeffame yommuu gagalagalchuutti seenaa kitaaba Muslimaa irraa deebiin argadhe garuu akka jedhame utuu hin ta'in, raajichi Mahaammadiis ta'e Quraanni, ergaa Alahaa fi ergamaa isaa miti kan jedhudha. Isin kana akka mirkaneefataniitti yoon dogogoree ta'ee yaada isa sirri akka naan geesaaniif, yoon sirri ta'ee immoo karaa keessaan qortanii akka ilaaltaniif akka isinii gargaaruuf jalqabaa ergama raajicha, maaliif akka ergamaniif, ergichis haala akkamiin akka isaan bira ga'a ture Hadisa fi abbootii Quraana kan isaan jedhaan isininan dubbisisa. Itti aansuudhaan gaafilee lubbuu koo nan dhi'eessa.

Raajichi Mahaammaad Akkaata Jalqabaa Ergama Isaanii Yommuu Dubbatan:-

Ergamni raajichaa Mahaammed kan jalqabameeakkuma mineensi sanyii Qoreyish raawwatanitti raawwachuuuf holqa Hiiraa keessatti ji'a tokkoof yommuu taa'a turanitti akka ture in himama. Waraha Ramadan ji'icha guyyaa isa dhumaa irratti guyyaa tokko halkan akka tasaqa eenyummaan isaa fi maalummaan isaa kan hin beekne tokko dhufee Suratul Al-Alaq 96:1-5akka isaan dubbisan dirqisiisee fi akka qabee hin barannee yoo ibsaniif iyyuu homaa tokkotti utuu hin lakka'anii nama qabee hin baranne akkam akka isaan gochaa ture haadha mana isaanii A'isha Hadiisaa isaanii keessatti dubbateetti. Mee Hadisichaa isinin dubbisisa:-

Tafasir Ibunii Ku'atir Suratul Al-Alaq 96:1-5

Holqa keessa yommuu turanitti ergamichi gara isaanitti dhufe dubbisa jedhen. Ergamaan Alahaa yommuu dubbatanitti, anis dubbisuu hin dandaa'u jedheen deebiseefi jedhan. Ergasii ergamichi

na miciree kanan du'u hamma natti fakkatutti narrat ejjete, ergasii na gadhisee dubbisaa naan jedhe, anis deebisee dubbisuu hin dandaa'u nan jedhen. Innis si'a lammaffaa na miciree anis kanan du'u hamma natti fakkatutti narrat ejjetee ergasi na gadhisee dubbisa nan jedhe. Anis dubbisuu hin dandaa'u nan jedhen, ammas si'a sadaffaa na miciraa narrat ejjechaa ergasii na gadhisa jedha naan jedha.

Suratul Al- Alaq 96:1-5

Maqaa Rabbii keetitiin qaraatti jalqabi, Rabbiin kee sun isa waa hunda uume kan nama dhiigarraa uume ilmoon nama hoggaa garaa haadhaa seentu bishaani, Maqaa Rabbii keetii, kan arjaa tayeen qara'i, waan nuti si barsiifnu. Rabbiin kee isa qalamaan waa katabuu nama barsiise, namni dura dursoo qalamaan waa katabe nabi idriis ilma shiis ilma aadam Rabbiin kee isa, nama waan inni hin beyne barsiisee, dubbatuu tayuu, waa qara'uu tayuu, waa katabuu tayuu waa dalaguu tayuu.

Lakkoofsotakana qabatanii lapheen isaanii romaa' gara mana gara Kadijaa dhufanii na dhoksaan na dhoksaan jedhan. Isaaniis sodaan isaanii hamma irraa deemutti itti golgan. Ergasii booda wanta ta'e hundumaa Kadijaatti himani, akkas jedhaniin baay'ee sodaadheera waa utuu hin ta'in hin hafne. Kadijanis Waraqaa Ibunii Na'ufal wajin walitti fiden. Innis amantiin Islaamummaa utuu hin dhufin amantii Kirstaanummaa kan fudhatee fi nama Wangeela afaan Hibruu irraa gara Arabiffaatti hiike barreessedha. Waraqaaan dulloomee ijii isaa ilaaluu dadhabee ture. Kadijaaniis Waraqaadhaan eesumee, mucaa obboleessa kee seenaa isaa dhageeffadhuu jetten. Waraaqaniis mucaa obboleessa koo maal argitee? Jedhe gaafate. Ergamatichi

Alahaas waan argan hundumaa ibsani. Waraaqanis inni Alahaan gara Musee ergee kan ture An-namuus Gabireeliidha jedheen.

Raajichi Mahaammed eenyuuf akka ergaman:-

Raajichi Mahaammed raajii ta'anii Alahaa biraat akka ergaman yommuu himan, ergichi kan isaan biraat ga'e eenyuuf fa'in yoo jedhame Alahaan Quraana keessatti namoota fi jinnotaf akka ta'e himamera. Alamaat jechi jedhu Alahaan maaliif yaada isaa isa jalqabaa akka geedaree yoo beekamuu baateiyuu namoota fi Seexanoota akka wal duukaa qabatu Mufasironni Quraana in dubbatu. Suratul Al-jin irrattis Jinnoonni Seexanooni kun ergama isaanii fi itti gaaftamumma Alahaa biraat fudhatan haala faallatin nutis Islaamumman dhugaa waan ta'ef fudhanne yommu jedhan dubbisneera. Haa ta'u malee itti aansuun waa'ee ergama raajicha Mahaammed lakkofsotaQuraana akkasumaas Ibuni Abosina Tafasiroota kan Ibuni Katir waa'ee kana maal akka isaan jedhen isinaan dubbisisaa:-

Suratul Yuusuuf 12:104

Ati qur'aana isaan barsiisu'urratti waanaa kennaa hin jettuun, yoo kan wahii nurraa fudhata'aaf amanuu didan taate, Qur'aanni kun waan biraatti miti waan gabroottan Rabbii karaa tolaa barsiisu,

وَمَا شَسَّأْلَهُمْ عَلَيْهِ مِنْ أَجْرٍ إِنْ هُوَ إِلَّا ذِكْرٌ لِّلْعَالَمِينَ

(104. And no reward you ask of them for it; it (the Qur'an) is no less than a Reminder unto the 'Alamin (men and Jinn).) Tafasir Ibuni Katir

(12:104)

(Thou askest them) O Muhammad (no fee) no payment (for it) for the profession of monotheism. (It is) i.e. the Qur'an (naught else than a reminder) an admonition (unto the peoples) unto the Jinn and humans. Tafasir Ibuni Abaas

Suratul Al-Anbiyaa'aa 21:107

Yaa ergamaa kiyya Muhammad nuti wanni si ergineef waan biraatifi mitii,(Yaa Mahaammed!) jinnotaf warra gaddenu godhii malee nun hin jenne.

وَمَا أَرْسَلْنَاكَ إِلَّا رَحْمَةً لِّلْعَالَمِينَ

(107. And We have sent you (O Muhammad) not but as a mercy for the 'Alamin.) Tafasir Ibunii Katir

(21:107)

(We sent thee) O Muhammad (not save as a mercy) that shields from chastisement (for the peoples) from among the Jinn, humans and all those who believe in you; it is also said that mercy here means blessing. Tafasir Ibunii Abaas

Ergichi Haala Akkamin Isaaniif Dhufree Fudhachaa Akka Turan Yommu Dubbatan:-

Itti fufee Aishan raajichi Muhaamed mul'anni dhufreefi akkamitti akka isaan fudhachaa turaangaaffii gaafatamaniif deebii yommuu isaan deebbisaan kanan dhagaahhee fi kan isaan dubbataan isiininaan dubbisiisaa.Haddisiichi kitaaba haddisaa gara garaa kessatti ballinaan ibsamee ni argina .inniis akkaas jedha;

Saahii Al-Buheerii 54;438 keeyyata 4irraatti

Al-Hasir Bin Hisham raajichaan akkas jechuun gaafaateen; Muldhani sun yommuu bu'etti haalaaakkamiin isiniif dhufaa? Isaaniis yommu deebisaaniti al tokko tokko sagaalee qacaalan dubbaacha dhufa. Muldhanni akkaasi kun anaaf muldhataa guddaa of to'achuu kan hin dandeniyedha. ergaaman sun naa dhisee erga deemee boodaa isaa inni natti himee sana naan yaadadha. al tokko tokko immooergamiichi nama fakkaachun garaa koo dhufee naa waliin dudduubata anis maal akka jedhe naan hubaadha, naan yaadadhas. Aisha Akiilam walii walii isaanii irra yommu bu'uutti akka namni qorrii isaa qabe kirkissutti ni kirkiru. Yommu isaan dhisee deemutti immoo addii isaanii dafqa duwwaa ta'a.

A'isha Hadisa isaan gabaasaniidha.

Raajichi Mahaammad Waa'ee Mataa Isaanii Fi Waa'ee Duukaa Buutotaa Isaanii Yommu Dubbatan:-

Ammaa yeroon isaa Suratul Al-Falqinaa, Suratul Al-Nas yeroo inni itti bu'edha. Hojiilee laman kana dura Makkaa irratti Suurroonni 19 erganii bu'anii booda sadarkaa 20ffaa fi 21ffaa irratti Suurroota bu'aniidha. Ruqiyyaa ykn Suurroota hojii mortuu jedhamanii maqaa kan biraattiin ni waamamu. Maaiif moggaasa akkasii argatan gaaffii jedhu kaasuu danda'u ta'a. Dubbichi akkasidha:- Yeroo sanatti lammii Yihuudii kan ta'e Labid Bin Asam kan jedhamuu raajichii Mahaammad rifeensa mataa isaanii fi fiiltuu rifeensaa isaanii irratti tolcha hojjechiisaanii Wagga tokkoof baay'ee dhukkubaa turan dhukkuba yoo jedhamee jechuu koodha. Yeroos sababiin hojiin tolchaa kun waan irratti hojjetameef haadha warraa isaanii waliin waan wal biraa ga'an itti fakkatee, garuu inni qaama hin beekne waliin yommuu wal qunnamsiisuu argama ture. Kana caljedhee waanan dubbaadhu isinitti hin

fakkatin Saahii Al-Buheerii 71:660 keeyata 7ffaa irraatti itti dabalata Asbaabuu Al-Nuzul Sura 113 fi 114 irratti ilaaluu dandeessu. Kan Sahii Al-Buheerii afaan Ingiliiffaa isaa muraasa isiniin dubbisiisaa:-

Sahih al-bukhari 71:660 v 7

Narrated Aisha: Magic was worked on Allah's Apostle so that he used to think that he had sexual relations with his wives while he actually had not (Sufyan said: That is the hardest kind of magic it has such an effect).

Hojii mortumma kana booddee Gabirel Ruuqiyya isaaniif godhee waqtii isaan naan fayyee jedhanitti Suhaba'ootan isaanii walitti qabamanitti waan tokko jedhaniin, hunduma keessan keessa Seexanni isin keessa jira. Maal kana qofa dhaqaatii Hadisa keessaa dubbisaa, egaa:-

Sahii Muslim 39:6757

Ergamaan Alahaa yommuu dubbatan akkas jedhan:- isin keessaa Seexanni kan isaaaf hin ramadamne hin jiru. Subaahoonnis yaa ergamaa Alahaa isin irraattis Seexannii ramadameeraa? Jedhanii gaafatan, isaanis yommuu deebisaan eyyeen! Naaf ramadameera garuu Alahaan na gargaaree isaan mormee humna isatiin bilisaan ba'e. Amma kana ajajuu gara hojii hamaatti osoo hin ta'in gara hojii gariittidha.

Hadisa Abuduulaa Ibin Masuud gabaaseedha.

Hadisa Mishkaat Al- musaabihaa boq. 27 kutaa 19 Haquu 131 keeyyata 2

Osoo abbaan mana ishee hin jiraatin dubartii biraaa hin dhaqina, Seexanni akkuma dhiigni hiddaa dhiigaa keessa naanna'u akkasuma isin keessa waan fiiguuf jedhan. Nuttis yaa ergamaa Alahaa! Akkuma nu keessa fiiguu isin keessas in fiigaa?Jenne gaaffanne.Isaaniis eyyee ana keessas in fiigaa, garuu Alahaan na gargaare naaf bitame jedhan.

Hadisa Jaabir dubbatanidha.

Saahii al-buukeerii 54:516 keeyyaata 4

Ergamaan Alahaa, isin keessaa namni kamiyyuu iddo ciisicha isaatti yommuu ka'u Wuudoo haa godhu, funyaan isaa keessa bishaan galcha baasa si'a sadii irra deddeebi'uun haa dhiquu. Sababiin isaas Seexannii funyaa isaa kutaa isa gara olii keessa halkan guutuu irra buleera ta'u danda'a jedhan.

Hadisa Abu Hureyira gabaasanidha.

Si'a tokko raajichi Mahaammad Madiina osoo jiraatanii Jiinnoonni Muslimaa naannna'aa sana irraatti gochaalee isaan raawwatan kanatti gaddanii, raajichaaf isa dhaga`an dhageessisan, raajichiis Jiinnoonni waan isaanitti himan dhaga'anii Suubaa'otaaf ajaja dabarsanii turan. Yeroo sanatti ajajni isaan dabarsan akkas kan jedhu ture.

Sunnaa Jamaa'l at-tirmiz keeyyata 1 lakk.18

Obboloota keessaanilif nyaataa Jiinoota waan ta'eef, lafee fi karaa itti fincan fincooftan ittin hin qulqulleffatina.Hadiisa Abdalaa Ibun Masud dubbataniidha.

Suunna Abu Dawudi 1:39

Hoggaantoota Jiinootaa ykn bakka bu'oонни gara raajicha Mahaammad dhufanii akkas jedhan:- Yaa Mahaammad duukaa buutotaa keessan lafee fi kabootaan ykn cileedhaan of qulquulleessuun isaanii (mana fincaanii ergaa fayyadamanii boode jechuudha) kana dhorkuu qabda, warreen kana Alahaan wantoota nuuf murteessedha. Kanaaf ergamaan Alahaa akka kana hin gooneef duukaa buutoota isaanii dhowwaanii.Hadiisa Abdalaa Ibun Masud gabaasaniidha.

Kana qofattin waan ga'uu isinitti hin fakkatin, raajichi Mahaammad Seexannota kanneeniin afeeramaa isaanii wajin gara bakka jirenya isaanii deema yeroo baay'ee Quraana ni dubbisuuf Islaalamuumaas isaanitti lallabaa akka turan Suubaa'oонни gabaasaniiru.

Sahii Muslim 4:903

Guyyaa tokko halkan ergamaan Alahaa duuka buutoota isaanii wajin ture isaan garuu nu jalaa badan. Hallaya fi gaarota hundumaa irraa ni barbaadneen garuu argachuu hin dandeenye. Akkas jennee:- Jinnootatiin fudhatameera ykn dhoksaatti ajeefameera jenne. Hundumti keenya dadhabpii baay'ee fi halkan baay'ee jibbisiisaa ta'e dabarsine.Yommuu bari'u naanna'a `Hin` jedhamutti kallatti kanan yommuu dhufan argineen. Nuttis yaa ergama Alahaa! Nuu jalaa badanii utuu isin barbaannuu baay'ee dadhabnee halkan baay'ee jibbisiisaa ta'e dabarsine jenneen. Isaaniis, lammii Jinnii kan ta'e Jinnii isaaniin bakka bu'ee gara koo dhufe, aniis isaanii wajin naan deeme achumaan Quraanas ni dubbisaaf jedhanii. Nuunis nu fuudhanii deemanii kottee miilla isaanii fi iddo ibida qabsiisanii turan nuti argsiisan.Hadiisa Abdallaah Ibun Masud dubbataniidha.

Suunna at-tirmiiz lakk 3302

Ergamaan Alahaa gara duuka buutota isaanii dhufanii suratul al-rahimaaniin jalqaba hamma dhumatti dubbisan. Ergasii, Suurraa kana halkan Jiinoota biraatti Jiinoota duratti dubbiseen ture, deebii isaan deebisaan garuu deebii isin naa deebiftan irra baay'ee kan wayu ture jedhan.

Egaa Akkas Erga Ta'e Isin Warra Dubbiftoota Koof, Ka'umsa Gaaffii Lubbuu Koo Kanneen Armaan Gadiidha:-

Gaaffiin inni jalqabaa maalummaa qaama isaanitti mul'atee irratti xiyyefata:- Qaama mul'ata isaaniif fidee maalummaa isa raajichi jalqabaa enyu akka ta'e akka hin beekne, garuu booda irratti ergamaa Gabireel akka ta'e baldhinaan dubbataniiru. Akka isaan jedhaniitti Gabireel yoo ta'e:-

1. Akka jedhameetti gara raajicha Mahaammad ergamaan dhufe Gabireel yoo ta'e maaliif sagaleen isaa akka sagalee Seexanaa ta'ee geedaramee? Raajichi Mahaammad mul'atichi akkamitti akka dhufuuf gaafatamanii Hadisa irratti deebii isaan laatan keessatti, ergamichi sagalee bilbilaa fakkaatuun akka isaaniin haasofsiisu kunis isaanitti baay'ee cimaa akka ta'e dubbataniiru. Sagaleen kana fakkaatuu immoo, Seexannii Alahaaf hin ajajamu jedhe Alahaan yommuu abaarutti ergamichii fi sagaleen isaa yommuu geeddaramu,sagalee akka bilbilaa akka ture ofii isaanii dubbataniiru. Akkumaa armaan olitti dubbiftaan, sagalee bilbila kamiyyuu lafa irra jiran keessa qaama sagalee Seexanaa akka ta'e cimsanii nutti himaniiru. Egaa isaanakkuma jalqaba tilmaamanitti Seexana yoo ta'e malee Gabireel akkamitti sagalee Seexanaa ergifate, isa yommuu dhaga'an sagalee Seexanaa kan dhaga'an itti fakkaate, maaliif lafatti gadi darbatee akka nama qorri isa dha'e isaan hollachiisa?

2. Bilbila kan fakkaatu sagalee Seexanaa, ija eebbaa osoo hin ta'in ija abarsaadha. Ija abarsaa isa ta'e kana fayyadamuun immoo ergamaa Alahaaf bitamuuf kan ta'umiti. Gabireel yoo ta'e sagalee isaa dhiisee kan Seexana fayyadamuuf maaliif giddisiifamee? Kana gochuun immoo waliin dha'uu hin fakkatuuree? Kana Seexana yoo ta'e malee ergamichi Gabireel ni godha jettanii yaaddu?
3. Sirridhumatti kan isaanitti mul'atee ergamaa Gabireel ta'uu isaa yaadni amansiisan maaliidha? Tarii dhuga ba'umsa Waraaqaan kennee jechuu ni danda'ama ta'a. kanas yoo ta'e yaadni amansiisu sababiin baay'ee yoo jiraate iyuu amma hundumaa isaa tarreessuu waan hin danda'amneef isaan keessa sababiin inni tokko Waraaqaan Kiristaana ta'uu isaadha.
4. Ergamichi Gabireel Alahaa bira ergamee gara namootaa yommuu dhufe, ergama raajicha Mahaammad isa jalqaba miti. Egaa kana irratti maaliif amalli isaa geeddaramjee? Suratul Mariyem irratti Zakaariyaasi fi Mariyaamiin yommuu haasofsisu haala tasgabbii fi kabajaan guutameen ta'ee utuu jiruu, raajichi Mahaammad garuu kan du'an, guyyaa sana booda aduu kan hin argine hamma itti fakkaatutti isaan rakkisaa (gidirsaa) akka turedha. Ergasii mana isaanii ga'anii Kadijaan yaada isaanii hamma geedartutti, isaan ergama osoo hin ta'in Seexana kan argan itti fakkaate. Kanaafidha osoo rommaa dhufanii na dhoksaan na dhoksaan kan jedhaa turan. Mee Macaafa Qulquulluu keessa dubbii Gabireelii fi Mariyaam maal kan fakkaatu akka ture isin dubbisiise, raajicha Mahaammad irratti gochaa inni raawwatee waliin wal bira qaba:-

Luqaas 1:28-29

Ergamichi isheetti mul'atee, "Waaqayyo gooftaan sii wajjin jira'o, nagaan siif haa ta'u, yaa ayyaana-qabeettii!" ittin jedhe. Maariyaam nagaa kana yommuu dhageesse, yaadaan dhiphatee, "Kun maal jechuu dha?" jettee of gaafatte. Yommus ergamichi isheedhaan, "Yaa Maariyaam, Waaqayyo biraa ayyaana argatteetta hin sodaatin! Kunoo, in ulfoofta ilmas in deessa, maqaa isaa immoo Yesus jedhii moggaasi! Inni guddaa in ta'a ilma aabbaas jedhamee in waamama, Waaqayyo gooftaanis teessoo abaabilii isaa Daawit in kennaaf. Mana Yaqaob irrattis bara baraan in mo'a, barri mootummaa isaas dhuma hin qabu" jedhe. Maariyaam yommus, "Anoo amma illee durba, kun attamitti ta'uu danda'a? " jette ergamicha gaafatte. Ergamichi immoo, "Hafuurri qulqulluun si irra in bu'a, humni aabbas si golbooba, kanaafis mucichi si irraa dhalatu kun qulqulluudhaa fi Elsaabex, dhabduu jedhamaa kan turte, bara dulluma isheetti ilma godhachuudhaaf erga ulfooftee, ji'a ja'affaa ishee ti. Waaqayyoof wanti dadhabamuu hin jiru" jedhee deebiseef.

5. Jecha keessumichi fidee namni tokko barreessuu fi dubbisuu kan danda'u Alahaan yoo barsiisee fi qabee yoo baratee qofa akka ta'e utuu dubbatuu, nama homaa hin barannee irratti jecha fidee gochaa faallaa ta'e raawwachuun isaa maaliifidha? Kana ergamaan Gabireel ni raawwata jettanii ni amantu? Alahaas yoo ta'e nama hin baranneetti akka isa erge hin beekuu ture? Ergamaan kun kana kan irratti raawwate Alahaan godhi jedhetu moo fedha mataa isaatiinidha? Kan nama dhibu yeroo kana boode wagga 23 guutuu deddeebi'ee Quraana osoo barsiisuu guyyaa tokko iyyuu kitaaba akka dubbisan isaan dirqisiisee hin beeku, kitaabas hin kennineef, hunduma isaa jechumaan akka barsiiseetti beekama. Egaa gocha akkasii kana raawwachaa kan jiruu dhugummaan ergamicha Gabireel ture jedhamee amanuu ni danda'amaa? Mee madaaluuf

akka isin dandeesis- uuf jecha Quraanaa keessaa tokkoo fi Macaafa
Qulqulluu keessaa tokkoo isin dubbisiisa:-

Suratul al-alaq 96:3-5

Dubbisi goofaan baay'ee garraamii yoo ta'u, isa qalamaan/pennatin/ barrefame kan nama barsiise, kan hin beekne hundumaa beeksuu yoo ta'u

Dan 9:21-23

Dubbii kanaan kadhachaa utuun jiruu, Gabri'el inni nama fakkaate ani duraan mul'atatti arge, yeroo aarsaa galgalaatti dadhabee utuun jiruu balali'ee na bira ga'e. Inni na hubachiisuudhaaf anatti dubbate, "Yaa Daani'el, ani amma si qalbeeffachiisuudhaaf, si hubachiisuudhaafis ba'ee nan dhufe. Jalqaba himata kee irratti dubbiin tokko sitti in dhaamame; ati guddaa jaallatamaa waan taateef, ani dubbicha sitti himuudhaaf nan dhufe; kanaaf isa yaadatti qabadhu, mul'atichas hubadhu!

6. Kan biraa, immoo soba saayinsiidhaan mirkana'e maaliif dubbate?
Suratul al-alaq 96: 1-5 lakkofsa lama irratti kan caqafame 'nama dhiigaa ititee irraa uume' saayinsiin jedhu soba ija baasedha!! Kan jedhe saayinsii dogogoraadha. Egaa Quraanni sagalee Alahaan yoo ta'ee fi Gabri'el ergamichi yoo fide, Alahaan haala guddina saanyisii nammaa osoo beekuu akkamitti dogogora dubbata? Waa'ee guddina saanyii nammaa mirkaneeffachuuf /HUMAN EMBRYO/ kitaaboota barsiisan dubbisu- un ga'adha.

7. Raajichi waa'ee mul'ata Hadisa isaan dubbatan keessatti, haalli isaa yommu qoratamuu gocha akkasii kanaaf madaallii isaa kan kufisu gara Seexanattidha. Kanarra darbee mul'aticha kan fide akkas isaan

gidirsee kana irratti jechi inni itti hime dogogoraa ta'e osoo jiru kan isaanitti mul'atee Gabri'eldha yoo jedhamee Hadisa fi Quraanni akkamitti wal simuu dandaa'u? wal biraa qabuu akka dandeessanitti Hadiisa isin dubbisiisuun waan maluuf kunoo:-

Sahii Muslim 29:5621

Abu Hureyira ergamaa Alahaa irra dhaga'ee Hadiisa dabarseedha:- guyyaan du'a ka'u dhi'aachaa yommuu dhufu mul'annii amantoota soba ta'u dandaa'a. Mul'ata isa sirri kan arguu dubbii afaan isaatiin nama dhugaa ta'e qofadha. Mul'anni Muslimaa harki afurtamii shan raajii dha. Mul'ataa gosa sadiitu jira, inni tokko mul'ata gaarii Alahaa biraa kan ta'edha. Inni lammaaffa mul'ataa namaa gadhee ykn kan nama cinquu Seexana biraa kan ta'e fi inni sadaffaa namicha irraa yaada isaa irra kan dhufudha.

❖ Akka gaaffitti kan ka'u tokko immoo, jechi Alahaa fi ajajni isaa irra darbamuu isaadha. Alahaan Seexana Gannata keessa yommuu ari'u ajaja inni akka hin cabsinef, ofii isaa amanee ajaja inni fudhate akka turan armaan olitti dubbisuu keessan in yaadatu. Dhorkuu qofa utuu hin taanee daangaa isaaif kennamee keessa jiraachuu isaa hin irraanfannuu. Utuu kana ta'e jiru raajichi Mahaammad irratti raajummaan Alahaa gaaffii kan uumu:-

8. Alahaan Seexanaan abaare Ganataa yommuu ari'e, garboota isaa irraatti aboo akka hin qabne fi akka hin tuqne itti hime innis akka hin tuqne kakatee ba'u isaa Quraanni ni dubbata. Ta'us garuu raajichi Mahaammad laphee isaanii keessa Seexanni akka jiru fi amanti islamuummaanwaan gaarii akka godhaniif akka ajajuun akka dubbatan dubbifineera. Akkas yoo ta'e raajichi Mahaammad garba eenyuu yoo ta'an Seexannii itti bu'uu haa turuu akkamitti laphee

isaanii keessa taa'e kana godhi akkas hin godhin kan jedhuun? Yoo walbira qabne ilaalee waan isin fayyaduuf raajichi waa'ee garboota Alahaa lamaan Hadisa isaan dubbatan isiniin dubbisiisa.:-

Saahii al-buukeerii 55:641 Keeyyata 4

Ergamaan Alahaa yommuu dubbatan kanan dhaga'e:- ijoolle Adaam keessa Maariyaamii fi mucaa ishee irraan kan hafe Seexanaan osoo hin tuqamin kan hin dhalanne hin jiru. Kanaaf mucaan yommuu dhalatuutti kan inni boo'u sababa Seexanaan tuqamuu fidha. Sayidi Bin al-musa Iyaabii, Abu Hureyiraa irraa dhaga'ee kan gabaasedha.

Jireenyi seenaa raajicha Mahaammad yeroo ijoollummaa isaa maal fakkataa naan jechuu dandeessuu ta'a?anis kunoo deebii koo nan jedha:-

Sahii Muslim 1:311

Gabri'el gara Mahaammad /mucaa/ dhufe, laphee isaa banuun onnee isaa baase. Onnee isaa keessaas dhiigaa itittee baase ni gate, Gabri'elis kun qooda Seexana kan turedha jedhe.

9. Raajichi Mahaammad bara dargagummaa osoo hin ta'in mucummaa isaaniitti Seexanaan kan tutuqaamedha. Egaa dubbichi akkas erga ta'e sagalee bilbilaa dhageesisa mul'ata kan isaaniif kennuu Gabri'eliidha jechuu ni dandeenya?

10. Dubbichi isaan irratti osoo dhaabatee gaarii ture, ta'uus Suubaaootaaf akka dubbatanii fi akka gabaasa Hadiisatti Muslimni hundumtuu Alahaan kan isaaf ramade Seexana yeroo hundumaa isaa wajiin jiru qaba. Dubbin isaanii kun Alahaan Seexana maaliif akka ramade Quraana keessa Suratul Hamiim al-sijaadii 41:25 wajiin walfaalleessa. Kutaa kana keessatti Alahaan Seexana akka ramadee

kan dubbatee kan isa warra hin ta'in irratti ture. Haa ta'u malee raajichi Mahaammad immoo nuti garboota Alahaadha kan ofin jettan hundumaa keessaaniif Seexanaa Alahaa biraakka isiniif ramadamee nuti himera, egaa akkas erga ta'e isin Muslimoonni garba eenyuu jedhamtuu? Kan Alahaadha akka hin jenneef abbaa Quraana fi jechaa raajicha Mahaammad wajiin walitti nuu buusaa kanaaf maal wayya? Egaa eenyutuu amanamaa?

- 11.Raajichi Mahaammmad Alahaa bira Seexanni ramadameefi dhiignii qaama keessaaakkuma naanna'uu isaan keessattis akka naanna'uu kan nutti himan akkauma jiruti ta'e. Seexanni amantii Muslimummaa akka fudhatuu kan ajajamee kutaa Quraana keessa eessa akka ta'ee nutii himu dandeessuu?
- 12.Quraana irratti akka ibsameetti Alahaan dhala namaaf Seexana inni ramaduu waan gaariif osoo hin ta'in namoonni garadhebuuttideemanii Gahanabatti akka galaniif dursee waan murteessefidha. Armaan olittiakkuma ilaalee raajichi Mahaammad Suubaa'oota isaanii walitti qabanii akka isaaniif ibsanitti ofii isaanii irra ka'un guutummaa Muslima maraa Seexanni Alahaa bira Isaaniif ramadameera. Seexannii namootaf ramadamee kan inni barbaachisuu, namootan namoota Gahaanabaa gochuuf erga ta'e Alahaan isin irratti Seexana ramaduun isaa guutummaa Muslimaa irraatti Gahanabiin irratti labseera jechuudha? Alahaan isiniif Seexana kan ramadee Alrahimanii yookiin walitti dhufeenyi Alahaa wajiin qabdan walitti dhufeenyi akkamii yoo ta'edha? Seexanni nama irratti waan itti ramadameef dhuma irraatti Quraanni maal akka jedhu armaan gaditti isa jiru dubbisu:-

Isaanif qopheessinee jirra Hiriyaan badduu tan bakka tokkottillee isaaniin addan baane. Shayxaanafii namaafii, lubbuu isaanirraa isaanif waahela qopheessinee jira.Duuba hiriyaan badduun sun waan dili'i, tan addunyaa tanarra jirtu, itti bareechanii waan cubbu'uu jaalachiisanii dalaysiisan Ammas waan dilii aakhira'a taye, waan kufrii taye, itti bareechisaniib, dalayasiisan, kafarsiisanii. Duuba firdiin yookaa murtiin Rabbii itti raggaatee dhiyana ibidda tayan Ummata kuffaraa kan isaan dura dabareen wajji. Jenni'iifii namarrraa. Isaan warra hoongayan, warra bade.

وَقَيْضَنَا لَهُمْ قُرْبَانَةً فَرَيَّنَا لَهُمْ مَا بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَمَا خَلْفُهُمْ وَحَقُّ عَلَيْهِمُ الْقُولُ فِي أُمَّمٍ قَدْ حَلَّتْ مِنْ قَبْلِهِمْ مَنْ
الْجِنُّ وَأَنْجَسٌ إِنَّهُمْ كَانُوا حَاسِرِينَ

Suratul al-Zukhruff 43:36–38

Namni zikrii Rabbirra gra gale, kan qur'aanarra gara gale, ija qalbi'iitin laaluu dhiise, Sheyxaana isatti marraana, Sheyxaanni adduunyaa tanarratti waa hela isaati kan isaan addaan baane. Shayxaanni warra zikri'iirraa gara gale.Karaa qajeello'orrraa dhoowwa. Jarri sun waan karaa qajeela'orra jiran if siyan. Hanga warri sheyxaanan, walitti qindeeffame. Guyyaa qiyaama'aa nutti dhufutti.Namichu sheyxaanni, itti qindeeffame wanni sheyxaanan, je'u.yaa sheyxaana, odoo wanni naafii sii jidduu jiru, fageenyi naafii sii jidduu jiru hanga guyyaa bayaafii, dhiitii adda fagaattu tayee akka naafii ati wal hin agarre, Yaa hammeenyaa waa hela bada'aa, sun siyi je'aan. Duuba Rabbin akki je'uun.

وَمَنْ يَعْشُ عَنْ ذِكْرِ الرَّحْمَنِ نُقَيْضَ لَهُ شَيْطَانًا فَهُوَ لُكْرِبُونَ إِنَّهُمْ لَيَصُدُّونَهُمْ عَنِ السَّبِيلِ وَيَحْسَبُونَ أَنَّهُمْ
مُهْدِنُو حَتَّىٰ إِذَا جَاءَنَا قَالَ يَا لَيْتَ بَيْنِي وَبَيْنِكَ بُعدَ الْمُشْرِقِينَ فَبِئْسَ الْقَرِينُ

13. Seexannii amanataa ta'e jedhanii dubbachuun Quraana wajin walfaalleessuu ta'a. Alahaan isaan irratti yaada ykn murtoo isaa waan hin geedaree fi abaarsa bara baraan waan abaareef Alaha waliin akka araaramuu kan isa fayyaduu waan hin jireef amantaa ta'uun isaaaf barbaachisaa miti. Geeddarumsaa kan fiduu fi carraa araara osoo argatee, jalqabaa irraatti kadhannaalahaaf dhi'eesse in sirreefata ture. Kanaaf hojiin isaa inni jalqaba karaa argatee hundumaa namoota karaa isa sirri irraa bahanii, karaa isa jiraan irra mijeessuu fi gara achitti harkisu ta'a, ergamni isaas kana raawwachuu waan ta'eef. Kanaaf raajichii Mahaammad akka jedhanitti Seexannii isaanii kan naga yoo ta'ee fi Quraana irratti Suratul al-jiini irraatti akka ka'eetti Seexannii Islaamummaa yoo fudhatee, Islaamummaan kallatti karaa sirrii dha jedhanii jechuu ni dandaa'ama? Kanaaf Suratul al-zihiruf 43:36-38 kan jiruu dubbisi haala isaa ykn deebii kee madaaluu ni dandeessa.
14. Quraana fi Hadisa raajichaa irraatti akka ibsame, isiniis murtoo kanaan duraa akka dubbifatan, raajichaa Mahaammadii fi isin Muslimoonni Jiinoota waliin walitti dhufeenyaa, amantiidhaan obbolummaa, tokkuummaa qabduu. Akkasumaslakkofsota Quraana garaa garaa irratti Alahaan Jiinoota fi isaan michuu fi ofitti warra dhi'eefatan namoota hundumaa walitti qabee Gahanabatti galchuun Gahanabaa akka guutuu dubbateera. Egaa Quraana irratti akka ta'eetti Jiinnootaa fi hoggaanaan isaanii Seexannii hundumtii isaanii Gahanabatti kan galan erga ta'e, Muslimni michummaa kana fakkatu qabatee galmii isaa essa ta'a? Yaa michuu koobahaa fi lixni akkumaa walirraa fagaatu ana irraa fagaattee utuu ta'e warri jedhan eenyuu fa'i laata? Mee Jiinnoonni michuu isaanii fi nama isaan duukaa bu'e hamma eessatti akka gaggeessan Quraanni isaa dubbata isinin dubbisiisa:-

Sheyxanni diina keessanii, waan sababaa keessaniin rahgamata Rabbirraa darbamee jannata dhabeef jechaa, xilaala keessan tayuu beekha'aa, isinis xilaatumma'aaf isa qabadhaa, waan inni je'u hin dhagayinaa, haala tokkotillee isa hin amaninaa, inni nama isa jala deeme, kan dubbi isaa dhagaye kufri'itti yaamaa, Akka warra akka isatti ibidda jabaa seenu tayaniif.

15. Alahaan Seexana Gannata keessaa yommuu ari'u gara namoota dhaqiti hamma dandeessuu sagalee keedhaan gowwomsi, karaa isaanii irras dhaabadhu jechuudhaan abboomera. Ergama kana fakkaatuun Alahaa duraa kan deeme, Seexannii baay'ee kan dubbatuu iddo bultii yommuu dhabu ta'us dhufe kan bulus obboloota Muslima waliin akka ta'e dubbii raajichi irraa hubachuu dandeenyera. Maal kana qofa Muslimni tokko abbaan mana haadha mana isaa waliin walqunnamtii yommu raawwatuu tarii irraanfatee Bismilaaha jedhe yoo jalqabuu baate Jiinni bultiif dhufe haadha mana isa tokko waliin walqunnamtii irra hirmaacha akka bulus raajichi Hadiisa Miskat al-masabih Muslim 9: 46 keeyyata 2 irratti dubbate ni argina. Egaa firummaa fi walitti dhufeenyaa isaa hamma kana kan deeme waan ta'ef, raajichi Mahaammad Muslimni tokko uffata halkanii hammam akka qabaachuu qabu Sahii Muslimni 24:5190 Hadisa irratti Seexanni halkan yommuu rafuu uffata halkanii inni uffatu akka qophaa'uuf Muslimoota ajajeera. Kun hundinuu raajichi ofii isaanii Hadiisa keessatti kan dubbataniidha malee ani iddo kamiyyu hin baafne - mirkanoeffachuu yoo barbaadan kutaa Quraana Hadiisa keessa isiniif caqasee ilaaluu ni dandeessuu. Wumaan Qiiyaama irratti illee dhiiroota Muslimaaf

Alahaan kan qopheesef durboota Seexanni hin gudeedne dha,
kutaa Quraana keessa isin dubbisisa:-

Suratul al-rahiiman 55:56

Jannata lamaan san keessa beera takka dubra, jaarsa isi'iil malee, ,nama biraa hin laalle, tan hguurulkgayni) je'amtuu, warra jannata san, seenef jira. Durba san, isaan dura Namaafii, jinilleen, hin tenye, akkuma rabbiin uumetti qadaadda'aan jirtu.

فِيهِنَّ قَاصِرَاتُ الطَّرْفِ لَمْ يَطْلُبْهُنَّ إِنْسُقْلَبُهُمْ وَلَا جَانٌ

As kan jiran durboota Muslimaa baay'een carraan Jiinnidhaan gudeedamuu isaan irra ga'e, dhiirootaf immoo waaqa irraatti durboota aa'adii qopheessuun isaa Alahaa irraatti gaaffilee baay'ee kan kaasuu yoo ta'e iyyuu ammaaf isa dhiisne lakkofsayaada gubba irratti isa jedhame kan deeggaruu ta'e garuu osoo hin hubatin kan haftan natti hin fakkatu. Egaa Alahaan waa'ee hidhamuu Jiinnii osoo odeessuu, ani Jiinnidhaan hidhameera osoo jedhu, isiinis hidhamtanittuu kan jedhu, kan wajiin jiraattu haadha mana isaa waliin waanta gaarii godhamuu raajiin akkas jecha Alahaa xureessuu fi kan mormuu Alahaan kan isaan erguu isinitti fakkaata? Isin Muslimoonni, Alahaa Seexannii isniif ifatti diinadha diina godhattii qaba kan jedhe, raajichi immoo ofitti dhiyeessanii qabuun maal jedhu laata?

16.Raajichi Mahaammad Jiinnoota waliin kan odeessa turan hundumaa Suubaa'oota isaaniif yeroodha yerootti akka dabarsa turan ilaaleera. Fakkeenya lama isin fudhadha:- nyaata Jiinnoota isa ta'e irratti Alahaan kan isaanitti hime osoo hin ta'in Jiinnii ofii isaa kan isaanitti hime ture, inni lammaaffa immoo ayaatal kursii akka dubbisaaifi

allahan rajichaaf hayaata kan jedhamee hin bufnef, jinni isaa nyaata hatu dhufef Habu Hureran yemmu qabanitti jinnichi Habu Hureratiin waan inni ajaajeefi jedhe. Sahii kana yoo ta'e Hadis al-bukeerii akkasumas al-baqira 2:255 Tafasisirin Tafasir Ibuni Katir irraatti ilaaluu ni dandeessu. Egaa raajichi Mahaammad fi Seexanni akkas osoo ta'aanii akkasumas osoo raawwatanii Quraanni kan gad bu'e yoo ta'e, Quraannii jechaa Alahaa isa qulqulluudha jedhanii dubbachuu nama dandeessisa?

- Raajota kan biroo waliin wal biraa qabamanii yommuu ilaalamani akkasumas gaafileen irrati gaffii ni kenna.: - wal madaalliin isaa Adduunya kana irraa kan turaanii fi namoota jiraatan irra isaan akka itti dhi'aatan kan dubbataniif gooftaa Yesus waliin haa ilaaluu. Gooftaan Yesus Kirstos bara tajaajila isaatti akka ergama Alahaa yommuu deddeebi'u tajaajila isaa keessatti kan mul'acha ture fi raajicha Mahaammad ittin mul'achaa turan raawwatee garaa garaa ture. Itti dabalata immoo laman isaanii ejjennoo Seexana irratti qaban baay'ee gara garaa ture. Raajichi Mahaammad Hadisa isaanii irratti akka dubbatanitti Quraana irrattis akkuma taa'e raajonni hundinuu tokkummadhaan erga ergamanii raajichi Mahaammadis raajota kana waliin tajaajila wal fakkaata qabaachuu qabu turan. Ta'us kana erga ta'u baate ani ergamaa Alahaadha jechuun isaanii gaaffi kaasera, hayaata Quraana tokko isin dubbisisee gaaffi koo ittin fufa.

Suratul al-aniam 6:90

Jarri anbiyootaa , kudha saddeettan asitti sii dubbanne sun,
Warra Rabbiin karaa diinaa isaa qajeelchee, karaa isaan
qajeelan qabadhu karaa tokkuummaa Rabbii, karaa obsa

qabadhuu deemi irraan maqin, orama kuffaaratiin akka jettu qur'aana isin barsiisu kana irrati khiraa yookaa galata isin hin khadhadhu, Qur'aanni kun gorsa na mayyuutti kan namafii jinniin isaan gorfamtu malee waan biraatii mitti je'iin.

أَوْلَئِكَ الَّذِينَ هَدَى اللَّهُ فَبِهِمْ أَفْتَنَهُ قُلْ لَا أَسْأَلُكُمْ عَلَيْهِ أَجْرًا إِنْ هُوَ إِلَّا ذِكْرٌ لِّلْعَالَمِينَ

Gooftaa Yesus Kirstos Raajicha Mahaammad

Ijoollumma isaatti tuttuqaa Seexana irraa bilisa ture. Kana raajichi Mahaammad dhugaa ba'aniiru. Suratul al-imiran 3:36 bukeeri 60:71 keeyata 6	Umuriin isaanii wagga lama gadii ta'e osoo jiru Seexana qabu turan. Sahii Muslim 1:311
Tajaajila isaa keessatti namoonni baay'een hidha Seexana jalaa bilisa ni ba'u, dhukkubs- atoonni ni fayyuu turan. Mat 4:24 Oduun isaas Sooriyaan hundumaatti dhaga'ame; yommus namoonni dhukkubsatoota isaanii, warra dhukkuba garaa garaatiin, waraansaaniis dhiphatan, warra hafuurri hamaan itti gale, dhukkuba nama kuffisu kan qaban, dhagni isaanii gar tokko kan du'es hundumaa gara isatti fidan, innis isaan in fayyise.	Bara tajaajila isaanitti Seexanni keessa ture. Waan keessa turef isiniis Seexana qabdu anis qaba jecha kan dubbatan. Waggaan tokko guutuu haadha mana isaanii waliin osoo hin ta'in waanta hin mul'anne waliin walqunnamtii saala kan raawwacha turan yommu iyyuu osoo hin ta'in yeroo tajaajilaa isaanittidha. Raajummaan isaanii hojji hafuura moraa irraa isaan fayyisuu hin dandeenyne.

<p>Nama hafuurri hamaan irra jiru, hafuurooni hamoonni namicha irra jiran yommu isa argancinqamanii iyyaanii nuu balleessuu dhufte jecha yommuu caraanaanii isaan abboomee namoota keessa ni ba'u turan.</p> <p>Mat 8:29</p> <p>Isaan immoo kunoo, caraananii, "Maal nutti qabda? Maaltus dhimma keenya keessa si buuse, yaa ilma Waaqayyoo? Yeroon utuu hin ga'in nu dhiphisuu dhuftee ree?" jedhan.</p>	<p>Raajichi immoo gara mandara Seexannatti afeeramanii in deemuu wajiinis in bulu turan. Himanna isaanii dhaga'anii ajajaa in baasu turan. Gidduu isaanitti firummaan turera, isaaniin kana godhi sana immoo dhiisii in jedha ture.</p> <p>Sahii Muslim 39:6757</p>
<p>Kan inni dhufe dhimmi isaa in jalqaba hojii Seexana diiguu fidha.</p> <p>1Yoh 3:8</p> <p>Seexanni jalqabaa jalqabee cubbuu waan hojjeteef, namni cubbuu hojjetu kan Seexanaa ti; ilmi Waaqayyoo immoo hojii Seexanaa diiguudhaaf mul'ate.</p>	<p>Alahaan isa irraatti yaada isaa akkamitti akka geeddare yoo beekamuu baateyyu, raajichaa Mahaamadiin Seexanaaf ergama godhe erge. Yommuu abaareetti maal akka wal godhan irraanfachuun nurra hin jiru. /Suratul al-hijer 15:35-39/ Suratul Yuusuf 12:104</p>

<p>Isaatti amananii warri duukaa bu'an, murteessanii warri dhufan, gooftaa boqonnaa fi araa galfii kennuudha.</p> <p>Mat 11:28-29</p> <p>Isin Warri itti dhamaatanii dadhabdan, ba'aanis kan isinitti ulfaatu hundinuu gara koo kottaa; ani boqonna isiniifan kenna. Waanjoo koo fuudhaatii baadhaa, ana irraas baraa; anoo garraamii dha kanan gad of deebises; boqonnaas lubbuu keessaniif in argattu.</p> <p>Gal5:1</p> <p>Birmadummaatti akka nuyi jiraannuuf Kristos biramaduu nu baase;</p>	<p>Seexannii akka keessa jiru; waanjoo Seexanaa bilisaa ta'uun isaaniif ulfaata akka ta'ee fi haala abdii nama kutaachiisuun itti in hima.</p> <p>How to protect yourself from jinn & shaytan page 34</p> <p>Sahii Muslim 39:6757</p>
<p>Duukaa buutoota isaaf, Seexaana fi hojii isaa irratti akkasumas loltoota isaa irraati aboo guutuu kenneef.</p> <p>Mat 10:8</p> <p>Warra dhukkubsatoo fayyisaa, warra du'an kaasaa, warra lamxaa'an qulleessaa, hafuurota hamoota baasaa.</p> <p>Luq 10:18-20</p> <p>Yesus immoo deebisee, "Seexanni akka bakakkaa waaqa keessaa bu'uutti utuu inni kufuun arge. Ani, kunoo, mar'ataa irra, torbaanqabaa irra, aangoo diinaa hundumaa irras ejjechuu akka dandeessanii, goftummaa isiniif kenneera; homtinuus isin hin miidhu. Haa ta'u iyyuu malee, hafuuronni hamoonni isiniif abboomamuu isaaniitti hin gammadinaa; maqaankeessan waaqa irratti waan caafameef, guddisaa gammadaa malee"</p> <p>isaaniin jedhe</p>	<p>Seexanna isaaniitti qabaamee, Seexaniicha aangoodhaan irraa ejjechuu haa turuu garaa hamaatti dhaquun amantinmuslima ulfaataa akka ta'e, Muslimaa tokkof Ganataa galuun rakkisaa akka ta'e, bara jirenya isaanii hundumaa akka wal hin gadhifnee, kun hundumtu murtoo Alahaattin ta'uua isaa labsaniiru.</p>

- Ergamoota Alahaa lamaan tajaajilli isaanii maal akka fakkatu muraasa isaa ilaalleera. Waaqani lafa irraa akkuma fagaatu tajaajilaa wal hin fakkaanne qabu turan.Kunis raajicha Mahaammadii fi Quraana isaanii wajiin akka wal faallessuu fi gaafileen akka ka'an in godha.
- 17.Raajichi Mahaammad Quraana irratti akka kaa'eetti, akka Yesus Kristos ergama Alahaa yoo ta'an akkasumas beeksisaamantii isaanii irraatti akka ibsanitti Yesus Kristos irratti kan bu'e Inzilitti nama amanan erga ta'e ejjeennoo Seexana irratti qaban maaliif kan Yesus Kristos irra adda ta'e?
- 18.Alahaan Seexanaan kan abaaree fi himannaasisaaf deebii yommukennetti, garboota isaa akka itti hin buunee Seexannaaf akeekachisa inni kenne, raajicha Mahaammad irra, Yesus Kristos fi duukaa buutota isaa jirenya fi tajaajilaa isaanii irraatti hamma har'aatti fiixaan ba'iinsaa argachaa jira. Ammas duukaa buutonni Yesus kristos warri sirri, Seexanan maqaa gooftaa isaanittin namoota keessa baasa bilisummaadhaan jiraachaa jiru. Kanas gara isaanii dhaqxanii mirkanoeffachuu in dandeessu. Akkuman dubbadhe kun garuu hammam raajichi Mahaammad Quraana keessatti yoo dubbatan iyyuu, duukaa buutonni isaanii fi isaan hamma har'atti Seexanatti qabamanii kan jiranidha. Kun kan ta'a jiru raajichi fi duuka buutonni isaa garba eenyu yoo ta'aniidha?
- 19.Raajichi Mahaammad Alahaa biraan fudhadhee jedhanii dubbii fidan, jirenya isaanii fi duuka buutota isaanii keessatti hojii irra kan hin oolle fi dhala namaf diina kan ta'e hidhaa Seexanaa jalaa bilisa yoo hin baasu ta'e, Quraanni Alahaa biraan kan ergamee, ergamichi Gabri'eel dubbii Alahaa biraan fideedha jedhanii amanuun in danda'ama?

20. Alahaan suratul al-aniam 6:90 irraatti raajichi Mahaammad raajoota durii karaa isaanii irra akka bu'an ajajnii jala murame isaan ga'era. Ta'uus kan mul'achaa jiruu faallaa isaadha malee fiixaan ba'iinsa ajaja kana miti. Raajichi Mahaammad ergama Alahaa yoo ta'anii fi Quraanni dubbi Alahaa yoo ta'e, laman isaanii maaliif hojii irraatti garaa garaa ta'anii?

21. Isin hoo ergama Alahaa jettanii kan fudhatan, ofii isaa fi duuka buutota isaa Seexanaa fi hojii isaa irraa bilisa kan baasuu moo ofii isaa fi duuka buutota isaa Seexana wajiin firoota akka ta'an waanjoo isaa jalaa bilisa ba'un akka hin danda'amne raaJI dubbatu?

Kabajama kitaaba kana kan dubbiftuu, anaaf ofii isaa fi duuka buutota isaaf, Seexana fi waanjoo isaa jalaa bilisa kan baasu inni ergama Alahaa akka ta'e yommun amanu, Seexanaa fi waanjoo isaa jala akka ta'e kan dubbatu inni ergama Seexana isa waliin dha'a akka ta'e nan amana. Kanaaf raajichi Mahaammad fiQuraanni Alahaa biraam namootaf erga ergaman fi ergama ta'u dhiisuu isaani ifudhachuu hin dandeenye. Kanaaf gaaffilee lubbuu koof deebii sirri argachuu kootti baay'ee natti toleera. Kanaaf karaa, dhugaa fi jirenya kan ta'e gooftaa Yesus Kristos gammachuudhaan duukaa bu'aan jira. Isiniifis ergaa armaan gadii isiniif ergera.

Yoh 14:6

Yesus deebisee:- Karichi, dhugaan, jirenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu

Yoh 11:25-26

Du'aa ka'uun, jirenyis ana; namni anatti amanu yoo du'e iyyuu in jiraata. Utuu jiruu kan anatti amanu hundinuu immoo bara bараан hin du'u;

Yoh 10:27-28

Hoolonni koo sagalee koo in dhaga'u, ani isaan beeka, isaanis na duukaa bu'u. Ani jirenya bara baraa isaaniif nan kenna, isaan bara bараан hin badan, namni tokko illee harka koo keessaa isaan hin butatu.

Mat 11:28-30

Isin Warri itti dhamaatanii dadhabdan, ba'aanis kan isinitti ulfaatu hundinuu gara koo kottaa; ani boqonna isiniifan kenna. Waanjoo koo fuudhaatii baadhaa, ana irraas baraa; anoo garraamii dha kanan gad of deebises; boqonnaas lubbuu keessaniif in argattu. Waanjoon koo nama hin dhibu, ba'an /namni anaaf jedhee baatus/ salphaa dha.

Waamicha dinqisiisa kanaaf deebii kennuu fi hidhanna Seexana jalaa boqochuun, jirenya bara baraa argachuu barbaaduu?Karaan isaa baay'ee salphaa dha. Amma iddoo jirtanitti taatanii kadhanna kanatti aanuu kadhadha, innis isin in dhaga'a,deebii isaa yeroo dhuma sana argattuu hin shakkina.

- ❖ Yaa gooftaa Yesus ati Waaqayyoo bira ergamte kan dhufte ergama ergaa jirenya isa dhugaa akka taatee nan amana.
- ❖ Anis mataan koo cubbummaa akkan ta'e nan amana.
- ❖ Sababii cubuu koof fannoo irratti du'uu kee, awwaalamuu kee, du'aas ka'uun kee nan amana.

- ❖ Amma cubbuu koo akka naa dhiiftu, jirenya bara baraa akka naa kennitu siin nan kadhadha.
- ❖ Amma gara laphee kootti ol seeni, jirenya koo akka ati gaggeessituf siif nan eyyama
- ❖ Aboo mucaa Waaqayyoo ta'u naa kenni
- ❖ Biyya lafaa, Seexana nan gana, jirenya koo siif nan kenna amen.

Dubbistoota kitaaba kanaa, kadhata kana laphee keessan irra yoo kadhatan, aboo mucaa Waaqayyoo ta'u argatanittu.

Yoh 1:12

Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif kenne.

Seexana inni jedhame isin irraa deemera; amma isin aboo qabdu, mucaa Waaqayyo waan taataniif miseensa Gannatatti galuu taatanittu.Kanaa booda buddeena jirenyaa isa ta'e Macaafa Qulqulluu dubbisaa.Akkamitti jirenya hafuuratti guddachuu akka qabdan barumsa akka argataniif amantoota dhugaa Macaafa Qulqulluu wajjin deemun tokkuumma hirmaadha. Bagaa nagaan gara maatii Waaqayyotti dhuftan bagaa gammadan!

WABIILEE

Macaafa Qulqulluu

Kitaaba FAT-HGURRAGHMAAN KAN HIIKAA QUR`AANAA KAN AFAAN OROMOO

Asbab al-Nuzul, by Ali ibn Ahmad al-Wahidi

Tafsir al-Tustari, by Sahl b. Abd Allah al-Tustari

Tanwir al-Miqbas minTafsir Ibn Ababas.

Tafsir Ibn Kathir

Hadith Sahih al-Bukhari.

Hadith sahih Muslim

Hadith Sunan Abu DAwud

Hadith Mishkat-Ui-MAsabeeh

Sirat ibn Hisham, Abridged by Abdus-salam M.Harun

Protect yourself from the Jinn & shaytan, by Wahid Abd al-Salam Bali

The Jinn & Human Sikness, by Dr Abul-Mundhir Khalil

Hadith Sunan Jami at-Tirmidhi

Fat, Al-Qada wal Qadar, by Dr. Saeed Ismaeel

Gaaffii fi yoo qabaattan kanaa gadii gargaaramuun yoo nuuf ergitan hatattamaan
deebii nii deebisna

Aman Geremew, JEA.2001@yahoo.com

